



Federal Foreign Office

Berghof Foundation

Qajeelfama Marii Biyyaalessaa
Qajeelfama Ogeessotaaf Qophaa'e
Cuunfaa Gabaabaa



Schweizerische Eidgenossenschaft
Confédération suisse
Confederazione Svizzera
Confederaziun svizra

Federal Department of Foreign Affairs FDFA
Directorate of Political Affairs DP
Human Security Division:
Peace, Human Rights, Humanitarian Policy, Migration

swiss
peace

Schweizerische Friedensstiftung
Fondation suisse pour la paix
Fondazione svizzera per la pace
Swiss Peace Foundation

wajjiin walta'uudhan kan qophaa'e

ABOUT THIS PUBLICATION

This publication is the Executive Summary of Berghof Foundation's National Dialogue Handbook. A Guide for Practitioners. The Executive Summary provides a comprehensive overview of the National Dialogue Handbook which grounded in a series of contemporary case studies, aims to contribute to the nascent debate about National Dialogue, bringing together insights and expertise from diverse regions. The purpose of the Handbook is twofold: (1) to offer an analytical framework of National Dialogues and (2) to serve as a practical tool for those engaged in the implementation of these processes. It also addresses the role of external actors and how they can best support National Dialogue processes, but it is focused primarily on those who are in the driver's seat when it comes to decisions on the design, conduct and implementation of National Dialogue processes.

ABOUT THE BERGHOF FOUNDATION

The Berghof Foundation is an independent, non-governmental organisation supporting people in conflict in their efforts to achieve sustainable peace through conflict transformation. For 50 years, we have worked to bring key people in conflict together to enable them to resolve their conflicts through dialogue and negotiations and find ways to live peacefully. Through a combination of research, education and practical peace support, we enable and support learning processes that inspire the development of new perspectives, relationships and behaviour, thus opening possibilities for conflict transformation.

PUBLISHED BY

Berghof Foundation Operations gGmbH
© Berghof Foundation Operations gGmbH
Lindenstraße 34
10969 Berlin
Germany
www.berghof-foundation.org

December 2022
All rights reserved.

Coverdesign: AMBERPRESS, Katja Koeberlin, Gosia Warrink
Translation: Strategic Agenda
Assistant Translator and Proof-reader: Lemi Sime



Qajeelfama Marii Biyyaalessaa Qajeelfama Ogeessotaaf Qophaa'e

Cuunfaa Gabaabaa

Bu'uura

Waggoota kurnan darban keessa, Mariin Biyyaalessaa jeequmsa siyaasaa hambisuuf akkasumas hokkaraa fi cehumsa siyaasaa qajeelchuf akka meeshaa murteessatti fudhatamaa tureera. Mariin Biyyaalessaa mootummoota, paartilee mormitootaa, gareewwan hawaasa siivilii fi qaamolee hidhatan, akkasumas imaammata idil-addunyaa, ogeeyyii, bakka bu'oota hawaasa idil-addunyaa fi arjoomtotaa keessatti bal'inaan mari'atamaa haa turuuyyuu malee, hanga har'aatti fudhatamni isaa iftoomina yaad-rimee isaa waliin wal-hinginne. Qaamolee Marii Biyyaalessaa akka tooftaa wal-dhabbiwwan siyaasaa, haalota walitti bu'iinsa walxaxaa yookan yeroowwan burjaaja'iinsa cehumsaa bira ittiin darbuuf ifaajaniif, qajeelfama madaalawaa fi deeggarsa qabatamaa kennuuf qabeenyota bicuu qofatu jiru.

Qajeelfamni kun qorannoowwan walitti fufiinsaan dhimmoota waqtaawaa irratti gaggeeffaman irratti hundaa'uun akkasumas hubannoo fi beekkumsa naannoolee adda addaa irraa walitti funaanamaniin dabaalamuun kan qophaa'e yoo ta'u, kaayyoon isaa wal-falmiiwwan haaraa Mariiwwan Biyyaalessaa irratti godhamaniif gumaacha godhuudha. Kaayyoon Qajeelfama kanaa waan lama: (1) caasaa xinxaala Mariiwwan Biyyaalessaa dhiyeessuu fi (2) qaamolee raawwii adeemsota kanneenii keessatti hirmaataniif akka meeshaa shaakalliitti tajaajiluudha. Dabalataanis shoora qooda-fudhattoota alaafi akkaataa isaan adeemsota Marii Biyyoolessaa haala fooyya'aa ta'een ittiin gargaaruu danda'an ni balbaloomsa, garuu qaamolee wayita adeemsonni Marii Biyyoolessaa wixinaman, gaggeeffamanii fi hojiirra oolan adda dureen murtee dabarsuu danda'an irratti xiyyeeffata.

Yaadrimee

Mariin Biyyaalessaa adeemsa siyaasaa olaanaa sadarkaa biyyaalessaatti abboomamuudha. Kaayyoon Marii Biyyaalessaa wayita jeequmsi siyaasaa guddaan uumamu, waraana booda yookan wayita cehumsi siyaasaa gadi fagoon gaggeeffamu qooda-fudhattoota siyaasaa garagaraa gidduutti waliigaltee uumudha. Mariin Biyyaalessaa haala jirurratti hundaa'udhaan akkaataa garagaraatti akka tooftaatti hojiirra ni oola: (a) **balaa ittisuuf fi too'achuuf**, carraaqqii yeroo gabaabaa, akka tooftaa dhoohinsa ceequmsa hidhannaa furuuttii fi ittisuutti, waldhabbiwwan siyaasaa cabsuutti akkasumas xiqqatullee waliigaltee siyaasaa deebisanii bu'uuressutti (fkf. Tunisiyaa) tarsiimodhaan gaggeeffamuuf; yookan (b) **jijjiirama bu'uura kallattii yeroo dheeraa qabu**, akka tooftaa hariiroowwan mootummaa-hawaasaa deebisanii murteessuf yaadameetti, yookan 'kontiraata hawaasaa' karaa jijjiiramoota dhaabbataa fi heeraa bu'uuressuuf (fkf. Yemen) akka tooftaatti fudhatamuu danda'a.

Mariwwan Biyyaalessaa tooftaalee waldhabbi jijjiiran biroo, fakkeenyaaf jaarsummaa fi waliigaltee bukkeetti, karaa *tokkicha* ittiin rakkoolee siyaasaa fi waldhabbiwwan hamoo ta'an ittiin hiikan isa tokkichadha. Amaloonni Mariiwwan Biyyaalessaa adda godhan adeemsa (bu'aa osoo hin ta'in) kallattii isaati, sadarkaa fi bal'ina hirmaannaa (baqqaana hawaasaa garaa garaa walitti fiduu) isaatii fi dhaabbata biyyaalessaa fi haala mijeessuu (taatota alaa hojiiwwan deeggarsaa qofa irratti xiyyeeffatan) isaati. Haa ta'u malee, qabatamaadhan, furmaanni yeroo dheeraa kamiyyuu walitti dhufiinsa tooftaalee fi adeemsota galumsa irratti hundaa'anii kan gaafatu ta'uu mala. Adeemsi Marii Biyyaalessaa qabatamaadhan gulantaa qophii jaarsummaa keessa darbuu fi yeroo warraaqsoota siyaasaa ijoo ta'anitti waliigalteewwan ciccimoo ta'anitti deebi'ee kufuu danda'a. Kana caalattis, adeemsa waliigaltee yookan jaarsummaa dura, booda yookan bukkeetti gaggeeffamuu danda'a.



Yaad-rimee irraa gara qabatamaatti: filannoowwan saxaxa adeemsa fi ilaalchota qabatamaa

Tokkoon tokkoon Marii Biyyaalessaa caasaa isaa adda ta'e kan fedhiwwanii fi kaayyolee tokkoon tokkoon adeemsichaa warra akka malee haala irratti hundaa'an waliin wal simatu ni qopheessa. Haa ta'u malee, Mariin Biyyaalessaa tuuta ijoo hojiiwwaniitif deebii kennuu mala waa ta'eef walfakkeenyonni argamuu danda'u (..... *Caasaa Marii Biyyaalessaa, fuula. 5*). Dhimmicha sirriitti ibsuuf

jecha, Qajeelfamichi gulantaawwan garaa garaa (qophii, adeemsa fi hojiirra oolmaa) adda baasa akkasumas dhaabbilee hidhata qaban ifatti ramada. Haa ta'u malee, qabatamaadhan cehumsi gulantaa tokko irraa gara isa biraatti godhamu, yeroo baay'ee jijjiiramaa, kallattii kan hin taanee fi yeroo baay'ee addaan ciccitaa fi irra deddeebi'amee kan jalqabsiifamuudha.

GULANTAA QOPHII

Gulantaan qophii yeroo baay'ee, mataa isaatin adeemsa waliigaltee xiqqaa of keessaa qaba. Yeroo adeemsichaaf caasaalee fayyadan irrattii fi hariiroo paartilee isaan dhuma irratti wal dhabbii karaa tooftaalee nagaa, siyaasaa fi marii irratti hundaa'aniin hiikuf murteessan gidduutti irratti walii itti galaniidha. Waliigalteen siyaasaa kan babal'ate ta'us, dhimmoonni teeknikaa gulantaa kanaan walqabatan barbaachisoo fi adeemsa boodatiif faayidaa qabu. Mariin Biyyaalessaa osoo hin eegalin dura, adeemsi qophii qophaa'uu fi irratti walii galamuu barbaachisa, yeroo baay'ee

bu'uuraalee dhaabbataa waliigalaa mataa isaa waliinidha. Hojiilen ijoo yeroo gulantaa kanaa (1) kaayyowwan, galmawwanii fi daangaa adeemsichaa ifa gochuu dabalatee, aangoo kaa'uu; (2) adeemsichaa fi namoota qopheessuu, akkasumas (3) ofitti amanamummaa ijaaruu dabalatu. Filannoon bifa qophii harki caalu kaayyoo adeemsichaa, qabeenyota jiran, fi fedhiwwan qooda fudhattoota gurguddootin murtaa'a. Akka yaadatti, waliigalteen hojii, kaayyoo giddugalaa Marii Biyyaalessaa fi qajeelfamoota ijoo irratti uumamuu qaba.

Yaadota ijoo

- ≡ Wanta Mariin Biyyaalessaa qabatamaadhan milkeessuu danda'u irratti ifa ta'uu, akkasumas isaan ifatti adeemsota cehumsaa keessa galchuu.
- ≡ **Abbummaa:** hirmaannaa dhugaa qooda fudhattoota gurguddoodhan godhamu, mariiwwan bal'aa, fi tooftaa qophii hammataa seerummaa fi abbummaa dagaagsu. Taatonni biyyaalessaa, saxaxaa fi hojiirra oolmaa adeemsa Marii Biyyaalessaa ilaalchisee gahee olaanaa irra ta'uu qabu.
- ≡ **Hammatummaa:** gulantaan qophii, tooftaa hammataa hordofuudhan fedhii qooda fudhattoota bal'aa yaada keessa galchuu qaba. Paartiwwan ijoo (mootummaa) dhaabbilee qophii irratti aangoo isaanii fayyadamuun adeemsa guutuu "sakaaluu" irratti yaadon jira.
- ≡ **Aangoo fi galma ifa ta'e:** adeemsichi maal milkeessuu akka qabuu (fi maal akka hin milkeessine) ifa gochuun barbaachisaadha. Kuni saxaxa adeemsa gahaa irratti yaada kan kennuu fi bulchiinsa eegamu deeggara.

- ≡ **Dura Taa'aa:** gulantaa qophiitif dura taa'aa sirrii filachuun, waa'ee haqummaa adeemsichi karoora keessatti qabuuf mallattoo barbaachisaadha akkasumas seera qabeessummaa fiduu irratti gargaaruu danda'a.
- ≡ **Saffisaan deemudhaaf suuta deemuu:** gulantaan qophii adeemsi sirriidhaf haala jalqabaa ta'uu kan caalu yommuu ta'u, of-eeggannoo fi ilaalcha walqixa ta'een karoofamuu qaba.
- ≡ **Dhaabbilee fi tooftaalee:** dalagaan, aangon, dura taa'anii fi tooftaalen murtii ittiin dabarsan ifatti ibsamuu qabu. Qaamni qophii yeroo ulaagaalee hirmaannaa, filannoowwan ajandaa ittiin qabsiisani fi filannoowwan wal dhabbiwwan yeroo adeemsichaa ittiin dhaabsisan akka qopheessu itti kennamu caalatti tajaajila.
- ≡ **Faayidaalee tarkaanfilee amanamummaa ijaaruu:** yeroo baay'ee waliigalteewwan ciccimoodhan kan beekamu, gulantaan kuni akkasuma yoo tarkaanfilee amanamummaa ijaarutin deeggarame walitti dhufeenyaa fi amanamummaa ijaarudhaaf carraalee addaa kenna.



≡ **Qabeenyota:** Mariiwwan Biyyaalessaa qabeenyota maallaqaa fi humna namaa olaanaa barbaadu. Deeggarsa biyyoota arjoomanii fi dhaabbilee maallaqaa idil-addunyaa mirkaneessun barbaachisaadha. Kan walqixa barbaachisaa ta'e caasaa maallaqa kaffalu (jechuunis tirast

fandii) kaa'udha. Yeroo qaamni miti-mootummaa hidhate adeemsicha keessatti hirmaatu, maallaqa garee sanaaf ramaduun (bulchiinsaf, loojistiksiidhaf, kkf) siyaasaa fi dhimma seeraa ta'uu danda'a, kanaaf eeggannoo siyaasaa fi of-eeggannoodhan qabamuu qaba.

GULANTAA ADEEMSA

Gulantaan adeemsa gulantaa Marii Biyyaalessaa keessaa isa hundarra kan uummataa ta'eedha. Sadarkaalee ijoon, adeemsonnii fi tooftaalen gulantaa kanaan walqabatan kan hammatan:

Ajandaa qopheessuu: adeemsi ajandaa qopheessuu – yoo haala iftoomina qabuu fi hammataa ta'een too'atame – maalummaa Marii Biyyaalessaa caalatti ifa godha, paartilee adeemsicha keessatti hirmaachisa akkasumas amanamummaa ijaaruu fi ejjannoowwanii fi mul'ata irratti hubannoo waloo uumuu keessatti akka shaakalaatti tajaajila.

Mariisaa amanamaa fi fudhatama qabu barbaaduu: filannoon mariisaa yeroo baay'ee adeemsa waliigalaa irraa maal akka eegamuu danda'uuf mallattoo cimaadha. Mariisaa amanamaanii fi bal'inaan fudhatama qabu qabeenya cimaa yommuu ta'u araarsitoonni keessaa yeroo baay'ee keessumattuu gahee murteessaa kana bahuudhaf iddoo olaanaa qabu.

Baay'ina murteessuu: baay'inni sirrii ta'e hin jiru; kanarra, kun kan hundaa'u kaayyoo adeemsichaa guutamuu barbaachisu (balaa ittisuu/bulchiinsaa fi jijjiirama bu'uura) irratti. Baay'ina adeemsichaa murteessun bu'aa filannoowwan qabnu madaaluu fi haala rakkisaa keessatti hojjechuu ta'uu qaba. Haa ta'u malee, fedhiwwan bulchiinsaa fi saxaxa adeemsa hammataa ta'ee wal dorgomsiisuu irra, inni lammataa bifa kalaqaan guuteen akkaataawwan hirmaannaa garagaraa (kallattii, alkallattii, kkf.) ilaalcha keessa galcheen ilaalamuu qaba.

Hirmaattota filuu: filannoon hirmaattotaa yeroo baay'ee adeemsa sadarkaa hedduu gadifageenya qabu yommuu ta'u karaa ijaarsa hawaasaa dhimma (oota) mari'atamuu qaban waliin hidhata qaban calaqqisiisun saxaxamuu qaba. Filannoon hirmaattotaa, Marii Biyyaalessaa bu'uura bal'aa qabaachuu fi hammataa ta'uu mirkaneessudhaaf meeshaa ijoo tokkodha, kunis paartileen karaa ejjannoo isaan hawaasa keessatti qaban calaqqisiisun (paartilee baay'ina teessoo

walfaakkaataa qaban mormuun) hirmaachifamuudhani. Ulaagaalenii fi tooftaalen filannoo seera qabeessa ta'uudhaf dirqama walfakkaataa, haqa-qabeessaa fi iftoomina kan qabu (kunis ifaan ifatti kan ibsaman) ta'uu qabu.

Qajeelfamootaa fi seerota bu'uura qopheessuu: haqummaan adeemsa seera-qabeessummaa uumuu keessatti wanta murteessaa yommuu ta'u, bifa dandeettii adeemsicha ittiin too'atanii fi hirmaannaa bu'a-qabeessa ta'e taasisan deeggaruu danda'auun, waa'ee seerota bu'uura iftoominni jiraachuu qaba.

Tooftaalee murtii ittiin dabarsanii fi waliigaltee ittiin uuman qopheessuu: murtii dabarsuun Marii Biyyaalessaa keessatti yeroo baay'ee waliigaltee irratti hundaa'a, kunis yeroo baay'ee nuffisiisaa fi balaa qabeessadha. Adeemsonni hedduun tooftaa sadarkaa-hedduu qabu uumu akkasumas irra aanudhaaf tooftaalee keessoo qabu. Yoo sirritti raawwatame, adeemsichaa fi bu'aa isaatif fudhatamummaa fi kutannoo gadi-fageenya qabu taatota garagaraarraa argamsiisaaf.

Uummata hirmaachisuu: adeemsichi hawaasa bal'aadhan kan gaggeeffamu ta'uu mirkaneessuun uummata bira gahuu fi marii barbaada. Adeemsicha hordofuu danda'uu fi sadarkaawwan adda addaa irratti galtee kennuun deeggarsa uummataa fi fudhatamummaa dabala. Haala murteessaa ta'een, tooftaalen karaa hiikkaa qabuun galtee deebisanii adeemsichaaf akka kennan saxaxamuu qabu.

Caasaalee deeggarsaa, tooftaalee waliigaltee irra gahuu dhabuu ittiin cabsanii fi tarkaanfilee eegumsaa uumuu: caasaalen kunneen keessumattuu waliigaltee dhabuu fi fuulduratti deemuu dadhabuu hiikuu deeggaruuf akkasumas waliigaltee giddugalaa fi adeemsi marii daandii sirrii irra akka ta'an godhuudhaf saxaxaman. Shaakaloota aadaa fi qabeenyota biyyaalessaa waliigaltee irra gahuuf akkasumas waliigaltee dhabuu cabsuudhaf hojii irra oolaa jiran qopheessun barbaachisaadha.



GULANTAA RAAWWII

Bu'aawwan garaagaraa gulantaa adeemsa Marii Biyyaalessaa irraa argamuu malu. Kunneen bu'aawwan walfakkaatan **hin qabatamne** (walitti dhufeenya uumuu, barnoota hawaasaa, kkf.) fi **qaqqabamoo** (jijjiirama siyaasaa fi heeraa, kkf.) hammatu. Hojjiirra oolmaa sirriin bu'aawwan qabatamoo ta'anii hammuma adeemsa ittiin irra gahamee barbaachisaadha. Qulqullinnii fi kutannoon wanta irratti waliigalannii kan mul'atu yeroo kana qofa ta'uu mala. Bu'aawwan battalaa Marii Biyyaalessaa waliigalteewwan karaa waliigalteewwan dhukaasa dhaabuu yookan adeemsota jaarsummaa irra gahamaniin waliin kan walfakkaatan ta'us, adeemsi waliigaltee irra ittiin gahan yeroo baay'ee addadha. Mariiwwan Biyyaalessaa adeemsota ofiin of-qindeessanii fi ofiin of-mijeessan tuuta qajeelfamootaa akka yaadatti sirna cufiinsaa booda hojjechuu itti fufu irratti hundaa'aniidha.

Yaadota ijoo

- ≡ **Wantoota eeggaman too'achuu** fi waa'ee Marii Biyyaalessaa timaama hammaa ba'e qabaachuu dhiisun **murteessadha**. Mariin Biyyaalessaa bu'aawwan isaa qabatamoota'an qofa osoo hin taane, adeemsicha guutuu gamaggamuudhan illee madaalamuu qaba. Dabalataanis, raawwin tarkaanfilee battalaa bu'aalee yeroo gabaabaa milkaa'aa ta'e, wantoota salphisannii akka ilaalan gochuu hin qabu, garuu raawwii waliigalaa jijjiirama bu'uura argamsiisuuf karaa saaquu qaba.
- ≡ Adeemsi bu'aa tokko irra ittiin gahamu hammuma qulqullina bu'aa sanaa barbaachisaadha – akkasumas bu'icha irrattis dhiibbaa kan qabuudha. Wanti Mariiwwan Biyyaalessaa keessatti barbaachisaa ta'u, taatota dhimmi ilaallatu hunda hammachuu fi hirmaachisuudhan, **hirmaattonni walta'iinsan waliigaltee irra gahuudhaf** carraaqii kan godhan ta'uu isaaniti. Kuni immoo jalqabuma irraa qabee waliigalteedhaf deeggarsa bal'aa mijeessuu fi carraa raawwii milkaa'aa dabaluu danda'a. Wanti biraa raawwii deeggaru, komiiwwan gadi fageenya qaban dhugumatti furuuf, yeroo waliigalteewwan sadarkaa xiqqaa qabxii waloodhaa ol ta'e irra itti gahaniidha.

Dabalataanis, adeemsa waliigaltee irra gahuu irratti xiyyeeffatu keessatti hirmaachun muuxannoo cimaa ta'uu danda'a. Gulantaa kana keessatti tuuta namootaa kan adeemsota dhukaasa dhaabuu yookan jaarsummaa keessatti barataman irra caalu yaada keessa galfamuu qaba: namoonni gumaachi isaanii gulantaa raawwii keessatti bu'a qabeessa ta'ee itti fufuu isaa arguu barbaadu. Gulantaan raawwii tooftaalee garaagaraa (1) bu'uuraalee misoomaa raawwii; (2) tooftaalee wabiiwwanii fi too'annaa; fi (3) ardaawwan marii walitti fufaa ta'e hammataniin haalli mijaawufii danda'a. Hafuura adeemsichaatin itti fufuu fi haala hammataa fi hirmaachisa ta'een gulantaa raawwii saxaxuun raawwii gadi fageenya qabu caalatti deeggaruu fi adeemsota jijjiiramaa jabeessuu danda'a.

- ≡ Karoorriwwanii fi qophiin adeemsa Marii Biyyaalessaa keessa galan akkuma jiranitti ta'anii, keessumattuu gulantaa raawwii keessatti, **adeemsa karooran too'atamu osoo hin taane**, adeemsa jijjiirraa/cehumsaan too'atamu akka ta'u **mirkaneessun** faayida qabeessa dha. Raawwiidhaaf, sadarkaawwaniif sagantaa (guyyoota dhuma hin jijjiirramne garuu hojiitti hiikamuu danda'an) ifa ta'e qabaachun barbaachisaadha, garuu yeroo hunda jijjiiramaaf banaa ta'anwaliin ta'uu qaba. Yeroo tokko tokko 'hiikheddoominni ijaaraa ta'e' faayidaa qabaatullee, **tooftaalee fi qamoonni raawwii** yaadota furmaataa yookan waliigalteewwan keessatti **qooqa ifa ta'e irratti hundaa'u**. Dabalataanis, waliigalteewwan guutuu hin taane akka cinatti hin dhiifamne yookan hin badne mirkaneeffachuuf, kunis raawwii waliigalteewwan birootif gufuu akka hin taane, adeemsota hordoffii barbaadu.
- ≡ Akka yaadaatti, gulantaan raawwii Marii Biyyaalessaa waa'ee **sadarkaalee adda addaatti marii itti fufaadhaf iddoo** 'cufuu' osoo hin taane, waa'ee **'banuu'** (fakkeenyaaf, akka biyyaalessaati fi karaa idilee hin taanen hirmaattota marii gidduutti) ta'uu qaba. Caasaa yeroo dheeraa turuu danda'uuf, yaad-rimeen Bu'uuraalee Nageenyaa (Infra structures for Peace, I4P) yaada keessa galchuun barbaachisaa ta'uu mala.

Caasaa Marii Biyyaalessaa

GULANTAA QOPHII

Onnachiistuuwwan seera-qabeessa ta'ee fi hin taane, kan ejjennoowwan siyaasaa tuttuquu malan, qophiiwwan jalqabaa keessa jiraachuu danda'u.

Koree Qunnamtii (Yemen)

KOOMISHIINII QOPHII

Qaamni olaanan adeemsicha qopheessa. Kanneen armaan gadii hiika yookan murteessa

- Kaayyoo fi ajandaa
- Caasaa adeemsichaa
- Caasaa ijaarsa fi adeemsota filannoo hirmaattotaa
- Filannoo dura-taa'aa
- Adeemsota murtii ittiin dabarsan
- Caasaalee deeggarsaa
- Loojistiksii, maallaqaa fi nageenya

*Koomishinii Qophii (CAR),
Koree Wixinee (Afgaanistaan),
Koree Qophii (Beenin),
Koomishiinii Qophii Olaanaa (Suudan),
Walgahii Qophii (Pooland)*

GULANTAA ADEEMSAA

KOREE WALIIGALTEE

Qaama dhimmoota rarra'anii hafanii fi mormisiisoo ta'an hiikudha. Akka tooftaa waliigaltee irra gahuu dhabuu hiikutti tajaajila. Yeroo tokko tokko tajaajilli kuni qaamota biroo fi/ykn caasaalee seera idilee hin taanen fudhatama.

*Koree Keessa Deebii (Baahireen),
Koree Waliigaltee (Yemen),
Koree Araaraa (Afgaanistaan)*

BARREESSAA

Deeggarsa teeknikaa, kan deeggarsa bulchiinsaa, galme qabuu fi bulchiinsa maallaqaa of keessatti hammatu adeemsichaaf taasia. Hojiin uummata hubachiisuu fi mariisuu kennamuufii danda'a.

*Barreessaa (Afgaanistaan, Yemen),
Koree Dhaabbata Teeknikaa, dabalata
Barreessaa Teeknikaa (CAR),
Ejensii Pirezidantii (Koloombiyaa),
Barreessaa Nageenyaa (Neeppal)*

KOREE GAGGEESITOOTAA (PRESIDIUM)

Qaama too'ataa adeemsicha too'atu, hoogganuu fi qindeessudha.*
Koree Gaggeesitootaa (Beenin, Maalii), Waajjira Hooggansaa (Afgaanistaan), Pirezidaantummaa (Booliiviyaa, Koloombiyaa), Koree Qindeessaa Olaanaa (Suudan), Pirezidaantummaa (Yemen).
*Adeemsota seera-qabeessummaan isaanii xiqqaa ta'e keessatti, akkuma Quartet Tunisiyaa keessatti godhe, dura-taa'an/haala mijeessan dalagaa akkasii fudhachuu danda'a

WALTAJJII WALIIGALAA (PLENUM)

Waltajjii marii giddugalaa, kan hirmaattota kallattiidhan adeemsicha irratti hirmaatan hunda hammatuudha. Akka qaama olaanaa murtii dabarsuutti hojjeta.

*Walgahii Waliigalaa (Afgaanistaan),
Koree Waliigalaa (Baahireen),
Waltajjii Giddugalaa (Iraaq),
Yaa'ii Waliigalaa (Maalii),
Yaa'ii Naannawa Teessoo/Plenary Roundtable (Pooland)*

GAREEWWAN HOJII

Waltajjiwwan xixiqqoo dhimmoota mata-duree murtaa'aa irratti hojjetan.

*Gareewwan Hojii/Working Groups (Afgaanistaan),
Gareewwan Hojii/Working Teams (Baahireen),
Koomishiiniwwan Hojii (Beenin, Booliiviyaa),
Gareewwan Dhimmaa (CAR),
Koomishiiniwwan Hojii (Guwaatimaalaa),
Minjaalota Haadhoo fi Xiqqaa/Main and Sub-Tables (Pooland),
Koreewwan (Suudan),
Koreewwan Teeknikaa (Afrikaa Kibbaa)*

RAAWWII

Muuxannoo adeemsichaa, dhimmoota ijoo ta'an irratti bu'aalee dhokattoo ta'an garaa garaa, kanneen akka jijjiiramoota ilaalchaa fi walitti dhufeenyotaa, akkasuumas hubannoo/beekumsa uummataa guddatetti geessuu danda'a.

BU'AAWWAN

- Jijjiirama siyaasaa
- Jijjiirama heeraa
- Dambii mirgoota namaa
- Cehumsa nageenyaa
- Haaromsa hawaasaa fi diinagdee
- "Kan darbe dandamachuu" fi tooftaa haqaa ce'umsaa

Bu'uuraalee Raawwii

Wabiwwanii fi Tooftaa Too'annaa

Hordoffii Waltajjiwwan Marii



Hirmaannaa Alaa

Adeemsonni Mariiwwan Biyyaalessaa kan biyyaalessaa fi biyyaan kan hoogganamani jechuun dhiibbaa wantoota, haalotaa fi qaamota alaatiif hin saaxilaman jechuu miti. Qaamoni alaa/idil-addunyaa Marii Biyyaalessaa keessatti shoora garaa garaa taphatu. Akka **haala mijeessitootatti**, sadarkaa idil-addunyaatti deeggarsa Marii Biyyaalessatiif ijaaru, dhiibbaa isaanii paartilee walddhaban walitti araarsuf fayyadamu, qaama isa biraa waliin akka mari'atan isaan jajjabeessu, akkasumas paartileen akka hirmaatan jajjabeessu (fkf. Guwaatemaalaa keessatti Group of Eight). Kunis hamilee kenniinsa makaa (liqa haquu, qarqaba gargarsaa) fi dhiibbaa gochuu (qoqqobbiwwan 'smart' ta'an, daangawwan kaa'uu) hirmaachisuu mala. Akka **deeggaraa maallaqaatti**, raawwii adeemsa Marii Biyyaalessatiif kallattiidhan (Yemen) yookan alkallattiidhan (Neeppal) karaa tooftaa naannooti fayyadamuudhaan adeemsa siyyaasaa tumsuuf deeggarsa maallaqaa dhiyeessu. Akka **daawwataatti**, gahee si'aawaa ta'e osoo hin godhin yeroo adeemsichaa ni argamu, akka ragaatti dalagu, deeggarsa idil-addunyaa adeemsichaaf mirkaneessu, walitti fiduudhaf akkasumas waliigaltee amantaa irratti hundaa'e gama lachuu gidduutti taasifamaniif haala mijataa uumu. Akka **wabii kennitootatti**, adeemsa Marii Biyyaalessaa fi hojiirra oolmaa bu'aaleetiif kutannoo kennuudhanii fi deeggarsa siyaasaa kennuudhan akka tikseetti dalagu. Haalota paartileen amantii xiqqaa keessatti qaban keessatti, hirmaannan qaamoni alaa akka daawwatootatti yookan wabii kennitootatti godhan amanamummaa ijaaruu fi sodaa gaaga'amaa paartileen adeemsicha keessatti hirmaatan qaban hir'isuuf gargaaruu danda'u. Gaheewwan kunneen dhiibbaa gochuu waan gaafataniif, yeroo baay'ee mootummoota yookan dhaabbilee idil-addunyaa fi biyyoota

dhiibbaa olaanaa qabaniin guutamu (fkf. Guwaatemaalaa keessatti UN; Lebaanon keessatti Qaataarii fi Liigii Arabaatin).

Akka **kennitoota deeggarsa teeknikaa fi ogeessatti**, dhimmoota murtaa'oo irrattigalteewwandhimma walfakkaatu irratti hundaa'an (adeemsa saxaxuu, aangoo qooddachuu, kkf.), leenjii ogummaa fi ogummaa madaallii, walgahiiwwan marii hirmaattota Marii Biyyaalessaa garaa garaa gidduutti yookan ogeessota alaa fi hirmaattota gidduutti godhaman mijeessuu kennu (fkf. Jorjaan keessatti UNDP; Neeppal keessatti Swiss). Akka **haala mijeessitoota** qarqaraatti, akka walitti fidaatti dalagu akkasumas yeroo baay'ee hirmaattota haala idilee hin taanen walitti fiduudhan, karaa haala seera qabeessa ta'e keessatti hin danda'amneen filannoowwan akka abuuran isaan dandeessisuudhan gidduu isaanitti amanamummaa uumudhaaf yookan adeemsicha keessatti rakkoolee tokko tokko hiikudhaaf gargaaru (fkf Liibiyaa keessatti UN; Suudan keessatti AU). Dhuma irratti, akka **raawwataatti, too'ataattii fi mirkaneessatti**, hojiitti hiikuu irratti yookan bu'aalee Marii Biyyaalessaa irraa argaman hordofuu irratti gargaarudhaaf itti gaafatamummaa qabu. Dalagaan kuni yeroo baay'ee dhaabbilee naannoo yookan idil-addunyaatin gaggeeffama (Yemen keessatti World Bank; Keeniyaa keessatti Eminent African Personalities), garuu yeroo baay'ee dhaabbilee fi neetworkoota waldaalee siivilii naannoo too'ataniin deeggaramu, kunis haalicha keessatti waan hammatamanii fi bakkeewwan baay'ee fagoo ta'an gahuu waan danda'aniifidha.

Amala qaama alaa irratti hundaa'udhaan, qaama siyaasaas ta'e qaama misoomaa, akkaataa gulantaa adeemsa Marii Biyyaalessaatti, dalagaawwan murtaa'on murtaa'uu malu:

	Qaamota siyaasaa	Qaamota misoomaa
Qophii	≡ Hamileewwan qopheessuu fi deeggarsa siyaasaa ijaaruu	≡ Karaa maallaqa kennuu/daangaa hojiilee hamilee jajjabeessan kaa'uu
	≡ Haala mijataa uumudhaaf qooda-fudhattoota idil-addunyaa fi naannoo dhiibbaa uuman dubbisuu	≡ Dandeettii gareelee ajandaawwan misoomaa adeemsicha keessa akka galan dhaadhessanii ijaaruu
	≡ Amanamummaa fi walitti-dhufeenya ijaaruu deeggaruu	≡ Ijaarsa amanamummaa fi hariiroo deeggaruu
Adeemsa	≡ Ogummaa dhimma addaa fi adeemsa kennuu	≡ Bu'uuraalee maallaqaa
	≡ Akka daawwataatti yookan wabii kennaatti tajaajiluudhan haala amanamaa uumuu	≡ Deeggarsa teeknikaa kennuu, fkf. gareewwan hojii dhimmoota misoomaa ilaallataniif
	≡ Deeggarsa idil-addunyaa mirkaneessuu	≡ Daataa hawaasaa fi diinagdee kennuu akkasumas qorannoowwan dadhabina waliin walqabatan gaggeessuu
	≡ Walgahiiwwan dabalataa mijeessuu	



Raawwii

- ≡ Hojiirra oolmaa bu'aalee too'achuu
- ≡ Hojiirra oolmaa bu'aalee deeggaruuf xiyyeeffannoo idil-addunyaa argamsiisuu
- ≡ Bu'aalee irratti hundaa'udhaan dhaabbilee dhaabbatoo ta'an qopheessuu irratti deeggaruu

- ≡ Bu'aalee hojiitti hiikuudhaaf deeggarsa maallaqaa kennuudhan bu'aalee nageenyaa kennuu
- ≡ Bu'aalee hojiirra oolchuu irratti deeggarsa teeknikaa kennuu
- ≡ Qorannoo fedhiwwan walhabbii booda jiranii gaggeessuu

Yaadota ijoo

- ≡ Qooda fudhattoonni biyyaalessaa gahee qaamota alaa akka murteessan gochuu.
- ≡ Hojii qooda fudhattoota biyyaalessaa karaa gamtoomina walitti dhufeenya qabuu fi walta'insaatin 'deeggaruu.
- ≡ Qaamota biyyaalessaa hunda waliin karaa loogii hin qabneen hirmaachuu, fakkeenyaaf yeroo gareewwan dhorkaman walitti dhufan.
- ≡ Haala qabatamaa fi duudhaalee naannoo kabajuu, dambiilee fi duudhaalee mootummootaa fi dhaabbilee gama hedduu waliin kan hin deemne yooma ta'anillee. Qooda fudhattoota naannoo fuulduratti amanamummaa akka hin dhabne, adeemsicha fedhiwwan dhuunfatiin walqabatee gufachiisuu dhiisuu.
- ≡ Gulantaawwan cehumsaa yeroo baay'ee hojii yeroo dheeraa kan barbaadaniif fi bifa jijjiiramaa ta'een akka guddatan hubachuudhan, deeggarsa maallaqaatin walqabatee jijjiiramaaf banaa ta'uu.

- ≡ Murtiiwwan deeggarsa maallaqaa qooda fudhattoota biyyaalessaa mariisisuu fi hirmaachisuudhan dabarsuu, akkasumas uummanni naannoo ilaalcha Mariiwwan Biyyaalessaa garmalee arjoomtota irratti hirkatu jedhu akka hin horanne mirkaneessuu.
- ≡ Rakkoolee qindeessummaa, rakkoo qooda fudhattoota hedduu adeemsota nageenya keessatti hirmaachisuu keessatti baratamaa ta'e hir'isuudhaf, tooftaalee kanneen akka Gareewwan Hiriyootaa fi gareewwan deeggarsaatti fayyadamuu.
- ≡ Wantoota dursi kennamuuf walitti fiduu fi fedhiwwan lammiilee Mariiwwan Biyyaalessaa hooggananiif akka ta'utti hirmaannaa sirreessuu; adeemsa fedhii fi paartii hedduu irratti hundaa'e (dhiheessii irratti kan hundaa'ee fi kan ajajaa kan ta'e hordofuu irra) hordofuu.

Madaalliiwwan Marii Biyyaalessaa milkaa'aa

Haaldureewwan: qaama isa biraa waliin waliigaluu fi hirmaachuf qophii ta'uu, isas qalbi gaaridhaan gochuuf qophii ta'uu; fedhii siyaasaa fi adeemsichaaf kutannoo qabaachuu; 'amanamummaan hojii' sadarkaa xiqqaa jiraachuu; wantoota sirrii hin taane eeguu, muufannaawwanii fi 'nuffii marii' hambisuuf, walxaxiinsa Marii Biyyaalessaa fi carraawwan milkaa'inaa irratti qorannoo sirrii gochuu; akkasumas hammatamuu qaamota gamtaa siivilii, dubartootaa, dargaggootaa fi kutaa hawaasaa dhiibamanii, akkasumas aangawoota seektaroota idilee hin taanee fi aadaa.

Qaamota idil-addunyaa/naannoo: yaaliwwan deeggarsaa Marii Biyyaalessaa irratti qaamota idil-addunyaa fi naannoo dhimmi ilaallatu gidduutti waliigalteen siyaasaa xiqqaa; waliigaltee karaa mariiwwan battalaa yookan bifa dhaabbataa ta'een (gareewwan qunnamtii, gareewwan hiriyootaa, Murtii Mana Maree Nageenyaa Mootummoota Gamtoomanii (UN Security Council Resolution) Marii Biyyaalessaa ifatti caqasu).

Madaala aangoo: tooftaalee minjaala marii irratti aangoo wal hin madaalle itti keessumeessan; dandeettiwwan waliigaltee qooda fudhattoota marii fi waliigaltee irratti muuxannoo xiqqaa qabaniif cimsuuf tarkaanfilee dandeettii guddisuu.

Gareewwan yaada walfakkaataa hin qabnee: dhuma irratti adeemsicha keessatti balleessitoota akka hin taane, gareewwan waraanaa fi dhorkaman dabalatee qaamota hidhannaa hidhatanii bira gahuun rakkisaa ta'an hirmaachisuudhaf tarsiimoo ifa ta'e.

Mariisaa: hubannaa irratti kan hundaa'e filannoo nama qaamota hunda biratti fudhatama qabuu fi akka nama loogii bilisa ta'eetti ilaalamuu

Mata-dureewwan: dhimmoota akka biyyaalessatti barbaachisoo fi sirrii ta'an kan hundee dhimmoota yeroo sanatti biyyattii rakkisaa jiranii bira gahan, garuu hiikamuudanda'anii.



Dandeettii ijaaru: saxaxa, haala-mijeessuu fi Marii Biyyaalessaa keessatti dandeettiwwan teeknikaa warroota keessoo fi waliigalootaa karaa leenjii fi ijaarsa dandeettii cimsuu, kunis dhimmoota mataa isaanii osoo gargaarsa alaa irratti hin hundaa'in gaggeessuu keessatti ofitti-amanamummaa isaanii dabala.

Qorannoo fi qophii: yaada Marii Biyyaalessaa walitti dhufeenyota uummataa fi siyaasaa keessatti guddisuu; qaamota waldhaban qopheessuu; kutannoo fi deeggarsa maallaqaa idil-addunyaa yookan naannoo barbaaduu; akkasumas tarsii moowwan walqunnamtii qopheessuu.

Raawwii: jechuun paartilee itti gaafatamtoota gochuuf aangeffamuudhan, adeemsa raawwitiif deeggarsa

maallaqaa, ogummaa fi yoo barbaachise qoqqobbiwwan xiyyeeffatoo ta'an waliin deeggarsa hawaasa idil-addunyaa argachuudhan bu'aalee irratti waliigalaman hordofuu jechuudha.

Wabii nageenyaa: haala mijataa bilisummaan akkasumas ofitti hirkattummaan sodaa hakuuccaa siyaasaa malee keessatti dalagan; jeequmsa adeemaa jiru dhaabsisuu, gareewwan morkattootaa dhorkuu dhiisuu, walabummaa miidiyaa mirkaneessuu.

Tarsiimoo cehumsaa: adeemsota haaromsa diinagdee, caasaa, siyaasaa fi seeraa walcinaa; akka qoodawwan nageenyatti tarkaanfilee gargaarsa namoomaa yeroo gabaabaa fi sagantaalee diinagdee tasgabbeessuu.

Rakkinoota, wantoota walii dhiisanii fi gafilee banaa

Mariwwan Biyyaalessaa walxaxoo kan ta'anii fi adeemsota barbaadaniidha. Isaan uumamarraa dhimmoota siyaasati, yeroo baay'ee siyaasa qabatamummaa irratti kan bu'uureffaman, fedhiwwan dhuunfaa dhiphaa ta'anii fi/ykn shallaggiwwan paartii siyaasaa irratti hundaa'anidha. Wantumti walfakkaatu adeemsota Marii Biyyaalessaa deeggaruuf, ejjennoo dhabuuf, yookan mormuuf filachuu isaanii irratti osoo hin hundaa'in, aangawoota naannoo fi idil-addunyaa irratti hojjiira oola. Kana caalas, gareewwan siyaasaa morkattoonni fi waldaalen hawaasaa naannolee jiran, yaaliwwan hedduun bu'aa guddaa argamsiisuu dadhabuu isaanii irraa kan ka'e marii nuffanii jiru. Kuni waa'ee dandeettii dhugaa marii irratti shakkii fidee jira, akkasumas amanamummaan inni ittiin hojjiira oolaa jiru, shakkii fi 'nuffii marii' geessisaa jira. Mariwwan biyyaalessaa - yookan adeemsi marii kamiyyuu - yeroo baay'ee 'itti fufiinsa waldhabbii tooftaalee birooti'. Isaan kan biyyaalessaa kan haasawaas ta'uu dhiisuu malu akkasumas yeroo baay'ee tooftaalee sirrii hin taane kan akaakuu isa mudamaleessaa gadi ta'an jechuun ni danda'ama. 'Adeemsi kitaaba qajeelfamaa' saxaxamee kan jiru yoo ta'ellee, haalonni too'annaa warroota adeemsicha gaggeessanii fi deeggaraniitii ala ta'an kufaatitti geessuu malu, fakkeenyaaf yeroo aangawoonni naannoo gidduu seenan, aangawoonni idil-addunyaa deeggarsa isaanii dhaaban yookan biyyattiin waltajjii waraana bakka bu'ummaatti jijjiiramte.

Qooda fudhattoonni waldhabdee akkasumas ogeessonnii fi arjoomtonni haala sana keessatti qabatamaatti maaltu

akka danda'amu irratti qorannoowwan amanamaa gaggeessuuf sadarkaa kamiyyuu irratti hubachuu qabu. Adeemsonni kunneen yeroo baay'ee *barbaachisummaa* (wanta haala murtaa'aa tokko keessatti ta'uu qabu), *barbaadamummaa* (wanta qabatamaadhan danda'amu), akkasumas *foddaawwan carraawwanii* (wanta *danda'amu*) ofii isaanii dhiheessan gidduutti jijjiirramu. Dabalataanis, barbaachisummaan Marii Biyyaalessaa yeroo baay'ee walitti dhufeenyonni mootummaa-hawaasaa addaan kan citanii fi kan hindalagne ta'uu agarsiisa, kuni immoo keessumattuu adeemsa marii bu'a qabeessa ta'e qopheessuu fi itti fufsiisuu rakkisaa godha. Mootummaa, bakka buutota isaa fi dhaabbilee gidduutti amantii fi amanamummaa uumun, adeemsa yeroo dheeraa Marii Biyyaalessaa mataa isaarra darbuudha.

Barruun Qajeelfamaa kun tarkaanfilee teeknikaa fi filannoowwan adeemsota Marii Biyyaalessaa ittiin saxaxan eerullee, haalota jijjiiramoo kanneenii akkasumas amala siyaasummaa gochichaa fi danqaalee hedduu kuni fidu sirritti beekna. Dhimmoonni naannoo murtii dabarsuu, aangowwan wal hin madaalle, raawwii teeknokiraatii meeshaa kanaa, itti fayyadamaa fi siyaasessuu jiran, rakkoollee muraasa gama kanaan jiran kan Qajeelfama kana keessattilee osoo deebii hin argatin hafan muraasadha. Qajeelfamaa kana akka hojii hinxumuramnee, kan falmii dabalataa kakaasuu fi dirree ammallee guddina isaa hinxumuranne kana ogummaa irratti kan hundaa'e akka ta'u gochuudhaf gumaachutti hubanna.



Waa'ee Qajeelfamaa Marii Biyyaalessaa

Qajeelfamni kun caasaa piroojektii waggaa-lamaa (Bitootessa 2015 - Ebla 2017) gamtaa Berghof Foundation fi swisspeace dhan hojjiirra oole keessatti qophaa'e. Piroojektichi Waajjira Dhimma Alaa Federaala Jarmaniitin gamtaa Qajeelcha Dhimmoota Alaa Federaala Siwiisiin deeggarsi maallaqa godhameef. Adda durummaadhan muuxannoo qooda fudhattoota fi ogeessota Marii Biyyaalessaa irratti muuxannoo jalqabaa qabani irratti hundaa'udhaan, tooftaa qorannoo jalqabaa fi hirmaachisaa ta'e irratti bu'uureffamee qophaa'ee jira. Faawundeeshiniin Berghof (Berghof Foundation), swisspeace waliin gamtoomudhaan, maloota garaagaraatin Mariiwwan Biyyaalessaa fi adeemsota cehumsaa biroo deeggaruu irratti muuxannoo bal'aa qabu jabeessee jira. Kunneen qorannoowwan dhimmaa Guwaatemaalaa, Lebaanon, Liibiyaa, Maalii, Neeppal, Suudan, fi Tunisiyaa adda durummaadhan gareewwan xixiqqoo baay'inaan ogeessota naannoo fi warroota keessoo adeemsota

kanaa keessatti addadurummaan hirmaatan irraa ijaaramaniin saxaxamanii turan hammatu. Qorannoo ta'iiwwan qabatamoo qorannoowwan dhimma addaatin gabbatan, shaakala Mariiwwan Biyyaalessaa adda baasuu waliigala ta'ee fi adeemsota walfakkaatoo naannowwan garaa garaa keessatin, mariiwwan ogeessotaa Mariiwwan Biyyaalessaa fi walqunnamtiwwan Garee Gorsaa piroojektichaa waliin godhamaniin deeggaraman.

Akkasumas, ogeessonni idil-addunyaa, gareewwan teekinikaa fi gorsitoonni addaa Mootummoota Gamtoomanii akka qaama Garee Gorsaatti qabiyyee Qajeelfamaa kanaa gadi fageenyan akka gamaggaman, gaaffilee qabatamoo lafa irra jiran deebisuu isaa akka mirkaneessan bobbaafamanii turan.

Maxxansoonni haala piroojektii kanaa keessatti qophaa'an hundi:
www.berghof-foundation.org/publications/national-dialogue-handbook irratti argamuu danda'u.



All publications developed in the context of this project can be accessed at:
www.berghof-foundation.org/publications/national-dialogue-handbook

